Odeeffannoo namoota dandeetti keessan galmeessitaniif

Kuni odeeffaannoo siif, nama odeeffannoo dandeetti keeti galmeeffattuuf kan qophaawe. Odeeffannoowan kana galmeessuuf dirqama qabda, akkasumas odeeffannoon kee akka siif galmaahu gochuufis mirga qabda, akka seera madaqinsaa (integreringsloven) keeyyata § 6 irratti labsametti.

Odeefannoo dandeetti keeti galmeessuuf dirqama qabda. Galmeessuu dhiisuun barnootaa fi hojii biyya Norge waliin walqabate, akkasumas qabiyyee sagantaa walbaruu (introduksjonsprogram) siif qophaawu ilaalchise gorsa siif kennamu sirreessu irratti dhiibbaa qabaata. Darbees galmeessu dhiisuun komunaa keessa jiraachuuf siif ta'u arguuf hojii IMDiin hojjatu irrattis dhibbaa qabaachu danda'a.

Dandeettii kee galmeessuun maaliifi?

Biyya Norge keessa waayee leenji, barnootaa fi hojii ilaalchise waajjirooleen mootummaa namootaaf gorsa kennan heddutu jira. Haala danda'ame hundaan akka gaaritti gorsa siif kennuf odeeffannoo dandeettii keeti ~~argachuu~~ barbaadu.

Gargaarsa motummaatiin akka qubattu taasifama yoo ta'e, komunaa ati keessa jiraachuuf siif ta'u tokko filachuu irratti qabxilee IMDiin ilaalcha keessa galchu keessaa inni tokko odeeffannoo dandeetti keeti.

Odeefannoon dandeettii kee kun boodarattis egeree hojii keetiif gorsa ta'u siif kennuuf, akkasumas karoora dhumaa fi qabiyye sagantaa walbaruu tiif faayidaa qaba.

Dhimma kana ilaaluuf bu'urri isaa

Odeeffannoo maqaa keetiin galmaaye ilaaluuf bu'ura seeraa kan ta'u seera madaqinsaa keeyyata § 41 fi qajeelfama madaqinsaa (integreringsforskriften) keeyyata § 47.

Odeeffannoo baayyina dhimma galmeeffamuu

Yeroo waan kana galmeessitu namni si gargaaru, odeeffannoo ati Kompass keessatti galmeessiteef qabxiiwwan dabalata ta'an bakka banaa ofdanda'e keessatti siif guutuu danda'a. Gargaartuun kee bakka banaa kanatti kan siif dabalu qabxiiwwan Kompass keessatti argamaniif odeeffannoo dabalataa waan ta'e *qofa*.

Kompass keessatti maqaa kee jalatti odeeffannoo kamtu galmeeffama:

- Lammummaa, saalaa, umrii
- Afaan dandeessu
- Waggoota mana barumssaa/barnoota kee
- Muxannoo hojii
- Sochiiwwan adda addaa gochaa turte kan barnootaa fi hojii keetiif hiikkoo qaban
- Fedhiiwwan ati qabdu
- Barnootaa fi hojii ilaalchisee wanti barbaaddu maal akka ta'an

Odeefannoo maqaa keetiin galmaaye ilaalu kan dandawu eenyu?

Waajjirri olaanaa madaqinsaa fi daneessummaa (Integrerings- og mangfoldsdirektoratet (IMDi)) odeefannoo dandeeti keetiif itti gafatamummaa qaba. Kana malees odeeffannoo siin ilaallatu ~~addaa~~ adda baafachuuf jecha IMDiin maqaa keef lakkoofsa DUF kee olkaawwate jira.

Giddugalli dhimma hojii (karriersenter) fylkeskommunaa wajjin walitti-hidhata qabu odeeffannoo dandeetti kee irratti hundaawuun gorsa hojii siif kenna. Ennaa gartuuwwan sagantaa walbaruuf kaadhimaman keessa seentu, gorsa hoji fudhachuuf mirgaa fi dirqama qabda. Namni gorsa hojii kennus odeeffannoo maqaa keetiin galmaayetti dhimma bahachuun haala barnootaa fi hojii biyya Norge ilaalchisee gorsa gahaa siif kenna. Namni gorsa hojii kennu kun bu'aa xumura gorsichaa komuna~~a~~, IMDi, fi NAV waliin qooddata.

Waajirri hojii fi gargaarsaa (NAV) biyya Norge keessa hojii argachuuf carraa jiru ilaalchise gorsa sii kennuuf jecha odeeffannoo maqaa keetiin galmaayetti dhimma bahuu danda'a.

Komunaan mooraan simannaa keessatti argamu sagantaa guyyaa guutuuf qophaawu sirreessuu fi tarkaanfi madaqinsa milkeessu dandawu fudhachuuf odeeffannoo maqaa keetiin galmaayetti dhimma baha.

Gargaarsa mootummaatin akka qubattu taasifama yoo ta'e, **komunaan ati keessatti qubattu** sun sagantaa walbaruu, leenji afaan norskii fi barnoota beekkumsa hawaasaa, yookin barnoota biroo barbaachisaa ta'an siif kennuuf odeefannoo maqaa keetiin galmaa'etti dhimma baha.

Dhimma qorannoo addaa fi karoora istaatistiksiif odeeffanichatti dhimma bahachuun nidanda'ama.

Akka seera eegumsa icciti nama dhunfaatti mirgoleen ati qabdu maali?

Odeeffannoo maqaa keetiin galmaawanii jiran ilaaluf mirga qabda.[1] Odeeffannoon dogoggora ta'e yoo jiraate akka sirraawuu yokin akka haqamu gaafachu nidandeessa.[2] Odeeffannoo maqaa keetiin galmaayee jirutti akka dhimma hinbahamne gaafachuuf mirga qabda. Keessawu odeeffanichi dogoggora jettee yaadda yoo ta'e.[3] Yoo sababa gahaa qabaatte odeeffannoowwan kee akka hinilaalamne mormuuf mirga qabda.[4] Haala odeeffannoon itti ilaalame irratti oliyyachuuf mirga qabda.[5]

Odeeffannoo maqaa keetin galmaa'e ilaalu waliin walqabate mirgoota qabdutti dhimma bahachuuf fedhi qabda taanaan, teessoo emeelaa harmaan gadiitti kennametti dhimma bahachuun akka IMDi qunnamtu si gaafanna: post@imdi.no, yokin kallattiin bakkabu'oota eeggumsa icciti dhunfaa emeela kanaan argachuu dandeessa: personvernombud@imdi.no. Odeeffannoowwan ati kennitu kun haga waggaa 15 itti olkaawamu.

Mirga qabdu ilaalchise odeeffannoo dabalataa argachuuf fuula intarneetaa Datatilsynet seenuun ilaali: https://www.datatilsynet.no/rettigheter-og-plikter/den-registrertes-

[1] Jf. personvernforordningen art. 15.
[2] Jf. personvernforordningen art. 16 og 17.
[3] Jf. personvernforordningen art. 18.
[4] Jf. personvernforordningen art. 21.
[5] Jf. personvernforordningen art. 77.

rettigheter/, akasumas eegumsa icciti dhunfaa ilaalchise ibsa IMDi: https://www.imdi.no/om-imdi/personvern/ seenuun ilaali.